# Qajeelcha Poolisii Minneapolis
# Maanu’aalii Himaammataa fi Adeemsaa

## Jildii Saddeet - Dargaggoota – Himaammataafi Tarsiimoo

## Hojimaata Hidhaa Dargaggootaa

### 8-303 Hojimaata Hidhaa Dargaggoota Seera Cabsuu, Yakka Guddaa fi Reebicha Mana Keessaa – Umurii Waggaa 10 Olii

(10/07/08)

(A-D)

Hidhaan yakkaa dargaggootaa ka’umsa Shakkii ta’uu danda’u hundi yeroo danda’ametti bakka hidhametti hayyamamuu qaba. Suppervaayizarri tokko bakka hidhaa sanatti deebii kennuu yoo dadhabe, raadiyoo ykn bilbilaan hayyamni kennamuu ni danda’a:

- supparvaayizara qondaala to’atee;
- qorataa kutaa qorannoo dhimmi ilaallatu irraa;
- supparvaayizara naannoo ollaa irraa dhufe; yookaan
- Ajajaa Daawwannaa hojii irra jiru.

Qondaaltonni dargaggeessa tokko reebicha mana keessaa, Ajaja Eegumsaa cabsuu, ykn yakka ka’umsa shakkii ta’uun to’annoo jala oolchan shakkamaan akka armaan gadiitti akka adeemsifamu ni taasisu:

- Kutaa Dargaggootaa wayita sa’a hojiitti;
- JDC yeroo Kutaan Dargaggootaa cufamuu fi dargaggeessi ulaagaa galmee JDC guutu; yookaan
- Laabiraatoorii Yakkaa yeroo Kutaan Dargaggootaa cufamuu fi dargaggeessi ulaagaa galmee JDC hin guunne. (Qondaaltonni dargaggoota geejjibsiisuu isaanii dura Laabiraatoorii Yakkaa qunnamuun hojjettoonni akka jiran mirkaneessuu qabu.)

Dargaggeessi tokko yakka jeequmsaatiin JDC keessatti yeroo galmaa’u, Unka Odeeffannoo/Beeksisa Miidhamaa (HC-11551) guutamuu qaba. Unkaaleen kun JDC irraa argamuu danda’u.)

Yoo dargaggeessi ulaagaa galmee JDC hin guunnee fi Kutaan Dargaggootaa cufame, qondaalli taatee sana ilaalchisee af-gaaffii iskeelii (scales interview) gaggeessuu ni danda’u.

Dargaggeessi sun warra ykn guddiftuu seeraaf ni gadhiifama. Dargaggeessi sun warra ykn guddiftuu seeraaf gadhiifamuu yoo hin dandeenye gara Giddugala To’annoo Dargaggootaatti geejjibsiifama.

Dargaggeessi hidhame sun yaala fayyaa yoo barbaade, kwt 8-208 Dargaggoota Miidhaman ykn Dandeettii Hin Qabne (Dhiibbaa jala Jiran) ilaali.